
# Sarara MEETIROO D

## *Tiraansiitin saffisaan kooridorii Karaa 5 dhufaa jira.*

Ijaarsi piroojektii Sarara MEETIROO D tiraansiitii awuutobisii saffisaa (BRT) birraa 2021 keessa jalqabuuf karoorfame. Sararri D Karaa 5 tajaajila caalaa saffisaa, dafee dafee dhufaa, fi guyyaa guutuutin sirritti bakka bu'a. Sararri maayila 18 kuni olloota fi iddoowwan Giddugala Biruukiliin, Miiniyaapoolis, Riichfiild, fi Biluumingten keessa jiran wal qunnamsiisa. Tiraansiitin awutoobisii saffisaa fooyya'inoota qarqaba tiraansiitii imala saffisaa fi muuxannoo fooyya'aa dabaluuti.

Sararri D yeroo weerarichaa iyyuu koriidorii naannon imala olaanaa keessaa qabu keessatti tajaajila caalatti haqa-qabeessa ta'e ni fida. Maatiwwan koriidoricha irra jiran keessaa tokko konkolaataa hin qabu, kanaaf hojii deemuf, tapha deemuf, mi'oota bitachuuf tiraansiitii irratti hundaa'a.




### *Imala saffisaa*

Kaayyon Sarara D tajaajila 20% caalatti saffisaa gochuudha. Akkamitti akka ta'u kunooti:

- Awutoobisoonni si'a caalatti xiqqaa ta'e dhaabatu, kanaaf yeroo imalaa baay'ee saffisiisu.
- Maashinoonni tiikeettii buufatoota jiran maamiltoonni tiikkeettota osoo awutoobisoota hin yaabbatin akka bitatan godhu.
- Keesson awutoobisootaa lafatti gadi dhiyaatan fi qarqarroonni daandii oldheeron buufatoota keessaa, akkasumas balbaloonni awutoobisii babal'oon fi balbala fuulduraa fi duubatin yaabbachuun, daddaffiin akka yaabbatan godhu.
- Qarqara daandilee buufatoota jiran dheeressuun yeroo qusata; awutoobisoonni salphaatti buufata tajaajilan booda tiraakiitti makamuu danda'u.
- Siignaalii irratti dura kennuun, awutoobisoonni akka ibsaawwan tiraafikii keessa dafanii akka darban godha.

### *Muuxannoo tiraansiitii fooyyessuu*

Dawoowwan fooyya'oon buufataalee BRT haala qilleensaa irraa eeguu fi nageenya, iddoo eegumsaa mijinaa qabuu fi salphaatti bira gahamu kenna. Qabiyyeewwan kan dabalatan:

- Mallattoolee Imala Itti Aanu waqtaawaa beeksisoota sagalee fedhii irratti hundaa'e qabu
- Ibsaa dawoo fi hoo'ina kolbaa dhiibun banamu
- Qabduuwwan xuraawaa fi wantoota lammata faayidaa irra oolanii
- Kaameraawwan nageenyuummaa fi bilbiloota yeroo hatattamaa
- Minjaalotaa fi iddoo bishkileettii dhaaban

- **2017-2018** — **KAROORA** — *Iddoowwan buufata piroojektii mirkanaa'an*
- **2019-2020** — **DIZAAYINII** — *Dizaayinii buufatootaa fi fooyya'inoota biroo*
- **Birraa 2021** — **IJAARSI KAN JALQABU**
- **DHUMA 2022** — **KAN BANAMU** — *Guyyaan banamuu Sarara D eegamu*

Metro Transit

metrotransit.org/d-line-project


**QUNNAMTII PIROOJEKTII KAABA WALTAJJII MAGAALAA**
Joanna.Hubbard-Rivera@metrotransit.org
612-597-5222

**QUNNAMTII PIROOJEKTII: KIBBA WALTAJJII MAGAALAA**
Cody.Olson@metrotransit.org
612-248-0642

# Ijaarsa irraa maaltu eegama

metrotransit.org/d-line-project

Tiraansiitin Meetiroo jiraattota, daldaloota fi maamiltoota obsa isaan yeroo hojjettoonni jalqabbii dhuma 2022 keessa eegamuuf Sarara D qopheessan agarsiisaniif ni galateeffata. Ijaarsi wayitiiwwan cufaatiiwwan daandii fi daandii jijjiirsisuu, cufaatii daandii miilaa, fi darbee darbee sagalee wacu qabu qabaachuu mala. Namoonni dhiibbawwan armaan gadii eeguu qabu:

- Karaan 5 fi karaawwan awutoobisii biroo yeroo piroojektichaatti iddoowwan adda addaatti ni jijjiirramu.
- Ijaarsi walumaagalatti tokkoon tokkoon qaxxaamura daandii irratti, daandii haaraa fi kutaawwan daandii miilaa maddii, jijjiirramoota siignaalota tiraafikii fi ijaarsa dawoowwan BRT haaraa akkasumas qaamota buufataa isaan biroo ni dabalata. Iddoowwan tokko tokkos hojiilee ijaarsota tajaajiloota addaa addaa geessan (utility) ni dabalata.
- Qaxxaamuroonni hanga ji'a tokkootti guutumaan guututti cufamuu fi dabalataan yeroo dheeradhaaf daandii dhorkuun jiraachuu mala. Tokkoon tokkoon iddoo buufataatti, hojjettoonni qunnamtii osoo ijaarsi hin jalqabin dura jiraattota, daldaloota fi abbootii qabeenyaa bilookii tokko keessa jiran ni dubbisu.
- Daandiin miilaa yoo xiqqaate gartokkee iddoowwan ijaarsaa irra yeroo hunda ni jiraatu.
- Daandileen gara manneenii fi daldaloota geessan namoota miilan deemaniif ni kennama.
- Hojjettoonni teeknoloojii buufataalee waliin walqabsiisuf, ujummoo neetworkii faayiber ooptikisii lafa jala cinaa koriidorii guutuu ni kaa'u.

Ijaarsi maddii Daandii 44ffaa kaaba Miiniyaapoolisii fi 60ffaa fi Poortilaandii kibba Miiniyaapoolisii keessatti ta'u, piroojektoota ijaarsa daandii Henepiin Kaawuntiitin duurfamu waliin walitti ni qindaa'a.

- Webber 44: hennepin.us/webber-44
- Karaa Bishikileettii Poortilaand: hennepin.us/portlandave-crosstown

METRO *Sarara D*





## *Odeeffannoo argadhaa*

- Odeeffannoo waliigalaa piroojektiitif: metrotransit.org/d-line-project
- Odeeffannoo waqtaawaa waa'ee jijjiirrawwan daandii awutoobisiitif, Beeksisoota Imaltootatiif metrotransit.org/alerts.irratti galmaa'aa.
- For the latest information on construction, sign up for D Line update emails at bit.ly/3vqh6ev.

**HOOTLAAYINII IJAARSAA:**
612-568-1038

**IMEELII QUNNAMTII:**
DLine@metrotransit.org

**AFAAN HIIKAA NI BARBAADDUU?**
Oromoo

Bilbilaa **612-373-3333** Filannoo 2 Filadhaa

Afaan kam akka ta'e dubbadhaa:
Oromoo

11-02-183705-21